KOOLLEEJII BARNOOTA BARSIISOTAA FEDHII ADDAA SABBATAATTI GAAFFILEE BARNOOTA SAAYINSII FAYYAA(BIOL.333) DEEGGARSA K/BARSIISOTA EEBBIFAMTOOTA BARA 2012 TIIF QOPHAA'E
Yeroon kenname 60'

I. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii filachuun warqaa qormaataa irratti barreessuun deebisi

___1. Paatojiinotni keessummeessitoota kan miidhaan maal gochuudhaani?

A. Soorata saammachuun C. Dhiiga soorachuun
B. Qaama Summeessuun D. Hunda

___2. Nama shiistoosoomiyaasiidhaan qabamuu isaa shakkameef iddattoon fincaan qorannoo laaboraatooriitiin kan sakatta'amu sanyii shiistoosomaa isa kamiif gaggeeffama?

A. Schistosoma mansonii C. "Schistosoma japoonikamii"
B. Schistosoma heematobiyeemii D. Afi B

___3. Tiisisa tsetse(qarxaasaa) akka baay'naan wal hin horre too'achuun pirotozowaa kamii xiqqeessuufi gargaara?

A. T. gambiense C. T.cruzi
B. T. rhodesiense D. A fi B

___4. Tiraayippanosomoota itti aanan keessaa kan **tiraaypomstigootii** boca U ykn C qabu isa kami?

A. T. Gambiense C. T. rhodesiense
B. T.cruzi D. A fi B

___5. Dhukkuba chaagaasii kan nama qabsiisu isa kami?

A. G.palpaalis C. T.cruzi
B. G.moristan D. A fi B

___6. Isaan armaan gadii keessaa geergoon yoo nama idditu dhukkubni nama faalu isa kami?

A. Baalaantidiyaasisii C. Chaagaasii
B. .Dhukkua hirriibaa Afrikaa D. A fi B

___7. Pirootoz'aa armaan gadii keessaa morfoolojii **uusiistii** kan qabu isa kami?

A. Kiriiptoosporidiyeem Parvaamii C. Pilaasmoodiyaamii
B. Tooksopilaazimaa goondii D. Afi B

___8. Pirootozo'aawwan armaan gadii keessaa kan caasaa sochii dogoggoraatiin walitti qindoome kami?

A. ”Balantidium coli”-rifeensee
C. Trichomons vaginalis-silqixa

B. Giardia lamblia-silqixa
D. Entameeba histolytica-rifeensee

___*9. Tiriimaatodoota armaan gadii keessaa kamitu maxxantuu sombaati?*

A. Faashiyoloppis buskii
C. *Paaragoniimas westermaanii*
B. *Faashiyoolaa heppaatikaa*
D. *Shiistosoomaa*

___10. Kan armaan gadii keessaa kan baakteeriyaadhaan walqabatu kami?

A. Koroonaa
C. Fanxoo

B. Busaa
D. Iboolaa

___11. Kan armaan gadii keessaa raammoo filaariyaalii kan hintaane isa kamii dha?

A. “Mansonella ozardi”
C. “Mansonella streptoserca

B. “Mansonella paristani”
D. “Strongyloides stercoralis”

___12. Biraadizooyitiin moorfoolojii isa kami ti?

A. Jaardiyaa laambiliyaa
C. Tiraakomoonasii vaginalis

B. Tiraakomoonasii teenaksii
D. “Toxoplasima gondi”

___13. Kan armaan gadii keessa kamitu neemaatodaa dha?

A. ”Trichuris trichiura”
C. “Enterobius vermicularis

B. ”Ancylostoma duodenale”
D. Hunda

___14.Kan armaan gadii keessaa kan sadarkaa jiisaan raammoo minnii ykn “Diflobotrium latum*”* tafkii galaaanaa keessatti itti guddatuu agarsiisu kami dha?

A. Pileerooserkooyidii
C. Sistiiserkoyidii

B. Pirooserkooyidii
D. Sistiiserkasii

___15. Madinummaa qopheen akkamitti argamaa?

A. Talaalliidhaan
C. Dhukkuarraa fayyuudhaan
B. Harma haadhaatirraa
D. Seeramii bineeldotaaa fudhachuu

___16. Madinummaa mugaan akkamitti argama?

A. Talaalliidhaan
B. Harma haadhaatirraa
C. Dhukkubsatanii fayyuudhaan
D. ABC

___17. Dhukkuboota itti aanan keesaa **"variola virus"**dhaan kan namatti dhufu isa kamii dha?

A. Gifira
B. Maariyyee
C. Pooliyoo
D. Influweenzaa

___18. Dhibeen namni tiisisa "sand fly"tiin iddamuun nama qabatu kamii dha?

A. Leeshmaaniyaa
B. Dhibee hirriibaa Afrikaa
C. Tiraayikomoonaas vaajinalisii
D. Hunda

___19. Sanyiiwwan raammoo tiiniyaa namni keessummeessituun dhaabbataan ta'an kamii dha?

A. T.saajinaataa/T.sooliyuumii
B. H.nanaa/H.diminutaa
C. "E. multilocularis"/"E. granulosus"
D. Afi B

___20. Siistoodaan Vit.B_{12} qaama keessummeessituu isaa keessaa saamachuun isa kamii dha?

A. Echinococcus granulosus
B. Hymenolepis nana
C. Hymenolepis diminuta
D. Diphylobotrium Latum

___21. Kan itti aanan keessaa kamitu miseensa raammolee filaariyaaliiti?

A. Echinococcus granulosus
B. Hymenolepis nana
C. Hymenolepis diminuta
D. "Mansonella streptoserca**"**

___22. Raammoon **jaamina lagaa (river blindness)** namoota Afrikaa mudhii lafaa jiraatan baay'inaan miidhu kamii dha?

A. Onchocerca Volvulus
B. .Loa loa
C. Dracunculus medinensis,
D. "Brugia malayi"

___23. Qaama keenyaaf anniisaa kennuu kan hindandeenye isa kami?

A. Bishaan
B. Albuuda
C. Viitaamiinii
D. Hunda

___24. Dhiigni keenya akka oksijiinii baatu kan gargaaru kami?

A. Ayranii
B. Vit B_{12}
C. Ayoodiinii
D. A fi B

___25. Qaamni keeny yoo argachuu dhabe rikeetiif kan nu saaxilu kami?

A. Kaalsiyeemii
B. Foosfarasii

C. Kaalsifeeroolii D. Hunda

___26. Vitaamiiniin cooma keessatti hinbulbulamne kami?

A. Vit. D C. Vit.C

B. Vit. K D. E

___27.Waa'ee pirootozowaa kan dhugaa ta'e kami?

A. Seel-qeenxee C. Maxxantoota

B. Iyuukaariyootaa dha D. Hunduu deebii dha

___28. Kan armaan gadii keessaa waa'ee pirootozoo'aa kan wal hin gitne kami?

A. Paarmiisiyeemii-rifeensee C. Pilaasmoodiyeemii-silqixa

B. Iyuugiliinaa-silqixa D. Ameebaa-miilsoboo

___29. Dhibeewwan daddarboo akka maariyyee, gifiraa fi infuleenzaaf sababa kan ta'e kami?

A. Pirotozoowaa C. Vaayirasii

B. Fangasii D. Baakteeriyaa

___30. .Kan itti aanan keessaa nyaata namaa keessaa yoo dhabame laafina lafee kamitu fida?

A. Kaalsiyeemii C. Vit D

B. Foosfarasii D. Hunda

___31. Kan itti aanan keessaa kamitu garee siistoodotaa kan ta'e kamii dha?

A. "Anscycolostomaduodinale" C. "Enterobiusvermicularis

B. "Taaniyaasaginataa" D. "Drancunculusmedinensis"

___32. Garee neemaatodaa keessatti kan ramadamu isa kami?

A. "Anscycolostomaduodinale C. "Enterobiusvermicularis

B. "Ascaarislumbricoides" D. "Drancunculusmedinensis"

___33. Kamitu raammoo Giiniiti?

A. "Anscycolostomaduodinale" B. "Ascaarislumbricoides"

C. “Enterobiusvermicularis” D. .“Drancunculusmedinensis”

___34. Isaan itti aanan keessaa kamitu raammoo limmoo jedhamuun beekkama?

A. “Anscycolostomaduodinale” C. “Enterobiusvermicularis”

B. “Ascaarislumbricoides” D. “Drancunculusmedinensis”

___35. Kan itti aanan keessaa kamitu raammoo hookkoo ti?

A. “Anscycolostomaduodinale” C. “Enterobiusvermicularis

B. “Ascaarislumbricoides” D. “Drancunculusmedinensis”

___36. Kan armaan gadii keessaa dhukkubni namarraa namatti daddarbu kami?

A. Peelaagraa C. Iskaarvii

B. “Kwashiorkor” D. Deebii hinqabu

___37. Abdiin qoricha “X” jedhamu erga fayyadamee booda tulluun warqii lafa jalaatin guutame tokko dhiheenya isaatti akka argamu abjoote.Warqii kanas hiriyaa isaa Halkanoo wajjin osoo namni isaan hin argin qotanii baafachuuf waliin mari’atan.Akka yaada keetti qorichi Abdiin fayyadamee ture maali jettee shakkita? Qorichiabdiinfayyadame kun maalsittifakkaata

A. Si’eessituu C. Haalusinoojiinii

B. Muussessituu D. B fi C

___38. Tooftaalee uumammaan ulfa hinbarbaachifne ittiin ittisuu keessaa kan irra caalaa amansiisaa ta’e kamii dha?

A. Guyyaa lakkaawuu C. saal-quunnamtii dhiisuu

B. Keessaa baasuu D. Hunda

___39. Kan itti aanu keessaa isparmiin akka hanqaaquun walitti makamu kamitu gargaara?

A. Tubligeeshiinii C. Vasektomii

B. Koodomii fayyadamuu D. Deebiihinqabu

___40. Vitaamiiniin yoo nyaata keeny akeessaa dhabame jaamina halkaniitiif nu saaxilamnuisa kamiidha?

A. Reetinoolii B. Taayaamiinii

C. Riiboofilaaviinii D. Niyaassiinii

___41. Haalli baay'inni uumataa akka dabaluuf ga'ee qabu kamii dha?

A. Dhalachuu C. *Du'uu*

B. *godaansa gara alaatti godhamu* D. *A fiB*

___42. Haalota baay'ina uummataa murteessan kan walitti qabate kamii dha?

A. Saffiisa hamma dhalatuu C. *Godaansa*

B. *Saffiisa hamma du'uu* D. *Hunda*

___43. Gosoota dhaqna qabaa dubartii keesaa inni hammaataan kamii dha?

A. Serkaamsiishinii C. Eksiishinii

B. Kiliitoorii diktoomii D. Infiibuleeshinii

___44. Hanqina Viitaamiinii" C" kan ta'e kamii dha?

A. Peelaagraa C. Beeribeerii

B. Iskaarvii D. Riikeetii

___45. Qaamni keenya nyaata keessaa hanqina vit.B_2 yoo qabaate dhibeen isa quunnam isa kamii dha?

A. Peelaagraa C. Beeribeerii

B. Iskaarvii D. Riikeetii

___46. Beeri-Beeriin namni isa quunnamu nyaata isaa keessaa Vitaamiinii kam dhabee dha?

A. Vit.B_1 C. vit.D

B. vit.B_3 D. vit.K

___47. Qaamni keenya nyaata keessaa ayoodiinii yoo dhabe dhibeen isa quunnamu kami?

A. Peelaagraa C. Gooyitarii

B. Iskaarvii D. Riikeetii

___48. Qaamni keenya heemogiloobiinii akka tolchuuf ga'ee guddaa kan taphatu kamii dha?

A. Ayiraniin(Fe) B. Kaalsiyeemii(Ca)

C. Ayoodiinii(I_2) D. Foosforasii(P)

___49. Mallattoo dhukkuba biqilootaa vaayirasiidhaan dhufanii kan ta'e kamii dha?

A. Guddinni quucaruu C. Baalli halluu keelloo qabaachu

B. Baalli goguu D. Hunda

___50. Mallattoo dhukkuba biqilootaa baakteeriyaadhaan dhufan kan ta'e kamii dha?

A. Bakka kuusaa soorata tortorsuu C. Bifa baala jijjiiruu

B. Baala dhiitessuu D. Hunda

KOOLLEEJII BARNOOTA BARSIISOTAA FEDHII ADDAA SABBATAATTI GAAFFILEE BARNOOTA SAAYINSII FAYYAA(BIOL.333) DEEGGARSA K/BARSIISOTA EEBBIFAMTOOTA BARA 2012 TIIF QOPHAA'E

Waraqaa deebii

1.D	7.D	13.D	19.A	25.D	31.A	37.C	43.D	49.D
2.B	8.D	14.B	20.D	26.C	32.B	38.C	44.B	50.D
3.D	9.C	15.C	21.D	27.D	33.D	39.D	45.A	
4.B	10.C	16.D	22.A	28.C	34.C	40.A	46.A	
5.C	11.D	17.B	23.D	29.C	35.A	41.A	47.C	
6.C	12.D	18.A	24.D	30.D	36.D	42.D	48.A	